



---

Full Length Research Paper

## Waamicha Araaraafi Waloomaa: Xiinxala Ergaawwaniifi Fakkoommii Sirba Galaanaa Gaaromsaa- “Duraanuu”

Ashannaafii Balaay (PhD)<sup>1\*</sup>, Lachiisaa Fayyeeraa<sup>2</sup>

<sup>1</sup>Damee Barnoota Afaan Ingiliziifi ogbarruu, Yuuniversiti Jimmaa; Imeelii: [hireebirraa@gmail.com](mailto:hireebirraa@gmail.com)

<sup>2</sup>Damee Barnoota Afaan Oromoofi ogbarruu, Yuuniversiti Bulee Horaa; Iimeelii: [lachisifayi2016@gmail.com](mailto:lachisifayi2016@gmail.com)

Submission Date: July 31, 2023

Acceptance Date: December 20, 2023

---

### Axareeraa

*Qorannoon kun humna sirboonni Oromoo dhimmoota hawaas-siyaasaa sabichaa dhiyeessuu keessatti qaban xiinxaluu irratti fuulleffata. Kaayyoon ijoo qorannichaas ergaawan gama waloomaafii araaraa sirba Galaanaa Gaaromsaa ‘Duraanuu’tiin dabarfaman xiinxaluufi akkaataa isaan ittiin dhiyaatan ibsuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf mala qorannoo akkamtaa saxaxa addeessaatti dhimma bahame. Ragaaleen qabiyee walaloofi suursagalee irraa walitti qabaman hiika aadaa, galumsa hiika dubbisaafii hiika kallattii jecha irraa fudhatamuun gadifageenyaan dubbisuun hiikkoon itti kenname. Kanaafuu, sirbichis ta’e hafeen sirbichaa akkaataa kaayyoo qorannoo galmaan ga’anitti fudhataman. Xiinxala ragaalee taasisuufis galumsa hafeetti dhimma bahamee jira. Haala kanaan yaaxxinoonni sadii: qeeqa haaraa, galumsa hawaasummaafi deebii dubbistootaa waloon xiinxala ragaaleef dhimmi itti bahamee jira. Xiinxala taasifame irraas argannoon adda baafames atakaroon hooggantoota Oromoo walooma Oromootti danqaa ta’us, egeree Oromoof falli araaraafi tokkummaa ta’uu akeeka. Waamichi waloomaa dhiyaate dammaqiinsa ofiifi warra biroo adda baasuu (nuyiifti isaan) bu’ureffata. Miidhamni waloo yaadannoo waloo uumee diddaan kaleessaa akka hindagatamne taasise. Kun immoo tokkummaan dhaloota egeree cichooma sabaa ta’uu ergaan sirba kanaa akeeka. Sirbi kun kaayyoon Oromoo sirna ganamaatti deebi’uun ijaaruufi bakki handhuura Oromoo ta’e, Finfinnee, iddo walgeettii ta’uu ibsee jira. Karaa suursagaleenis, fakkoommii bineensotaan walgaluufi walhudhuu irra iftoominaan rakkoo waloo hiikkachuun akka barbaachisu akeeka. Walumaagalatti, sirbi kun akkaatummaan fakkoomii aadaan dabaalamee, qabiyeen immoo quiqama sabaa wiirteffatee fedhii sabni waloomaafii araaraaf qabu dhiheessa. Kanarratti hundaa’uun qorattoonni hedduminni sagalee sirboota Oromoo keessaa dhagahamanii dhimma qorannoo dirree qorannoo garagaraa ta’uu akeeku.*

**Jechoota Ijoo:** Araara, Finfinnee, Oromoo, sirba, yaadannoo waloo, walooma

---

## The Call for Reconciliation and Harmony in Oromo Popular Songs: A Critical analysis of Themes and Symbolism in Galaanaa Gaaromsaa's "Duraanuu"

### Abstract

*Songs have artistic power to articulate socio-political issues of a society or a nation. Video and lyrical contents of Oromo popular songs are currently addressing voices of resistance against fragmentation and are extending a call for reconciliation between political groups. This study divulges the articulation of this call for reconciliation in Galaanaa Gaaromsaa's recently released song 'Duraanuu'. The paper also delves into the song's depiction of collective sufferings that has resulted from the combat between Oromo political leaders through mining the themes and stylistic elements of the song. A descriptive qualitative research design is employed to undertake the critical analysis of pertinent data extracted from the lyric and video clip of the song. Textual, contextual and readers' response data interpretation strategies informed by the combination of New Critical, Sociological and Reader Response theories have been used to analyze the song lyric and contents of the video clip. The song presents the skirmish among political groups as a hurdle to unity and vitalizes the inevitability of reconciliation and building consensus to chart a bright future for the people. In the song, the collective consciousness is presented as the root for accord which is built on recognizing the difference between the "us" and "them" binary. The call for collective consciousness is emboldened through references to shared historical agonies and collective memory. Accordingly, the song emphasizes the importance of remembering the people's history of defiance and resilience as a means to shape future generations to value harmony as source of power. The song also uncovers the need for building the present on the bedrocks of the glorious past, and presents Finfinnee as destination and epicenter of the restoration effort. Through using images of animals, the clip of the song depicts the importance of solving conflicts through round table discussion rather than betraying each other to cause more suffering to the people. These and other themes and stylistic features embedded in the song reveals that Oromo popular songs, while expressing the people's culture, are articulating their collective discontents and aspirations. Accordingly, multidisciplinary investigations into Oromo popular songs are fertile grounds for further research.*

**Keywords:** Reconciliation, Finfinnee, Oromo, popular songs, collective consciousness, harmony

---

### 1. Seensa

Aartiin humna dhimma hawaasa tokkoo dhageessisu qaba. Kunis, karaa hawaasummaa, fayyaa, siyaasaafi dinagdeen dhiibbaa uuma. Lomas (2016) akka ibsutti ogbarruun uunka yookiin gooroo kamiyyuu amala waliin quoddatan qabu. Dhimmoota kanneen keessa: miireffannaa uumuu, muuxannoo gabbisu, dinqisiifannaafi miidhagina qabaachuu, bashannansiisuufi walitti hidhamiinsa uumuun gaarummaa aartii qabu keessa isaan ijoodha. Kanaanis, ogbarruun tokkoon dhimma jiruufi jirenya hawaasaa keessatti hariiroo barbaachisu uumuufi karaa biraa immoo gammachiisuufi bohaarsunis mul'ateera. Shusterman (2009) akka barreesseetti aartiin kallattii hawaasa walitti fidutiini jijiirama hawaasa keessatti dhufefi egeree dhufuu malu ibsuun, jijiiramni hawaasaas aartiidhaaf dhimma ijoo ta'uun waldeeggarsa aartiifi hawaasaa agarsiisa. Kanaafuu, aartiifi hawaasni waliif galtee ta'uu akeeka.

Aartiin Oromoos ogbarruun, suursagalee sirbaan, diraamaafi fiiliin dhihaatu dhiibbaa cimaa uomee jira. Karaa kanneen keessa muuziqaa yookaan sirbaan ergaa cunqursaa, tokkummaa, aadaafi duudhaa ibsuu, egeree akeekuu hedдуминаан mul'atee jira. Muuziqaan hojiilee daqiqaa muraasa keessatti

dhaggeeffatamuufi daawwatamu ta'us, ergaan dabarsu bal'aadha. Bal'ina ergaaf immoo akkaatummaan ittiin darbu murteessaadha. Isaan keessa fakkoomiifi bakkabuusa garaagaraatti fayyadamuun bal'inaan mul'ata. Muuziqaan Oromoos seenaa wagga dheeraa akkuma qabu, akkaatummaan ittiin qophaa'aa jirus jijiiramaa dhufee jira.

Muuziqaan Oromoo hundeffama Baandii Arfan qal'oo irraa akka eegale seenaan ni ibsa. Akka Tafari (2019) ibsetti, Arfan Qaloo sochiiwan aadaa Oromoo keessatti isaan jalqabaa dhiibbaa uumuun muuziqaafi ogbaruu ammayyaa Oromoo biroof xurree kaa'aniidha. Baandiin kun jalqaba ta'u qofaa osoo hintaane, sochiiwan iddo biroofis daandii saaqeera. Yeroo kana irraa kaasee aartistootni hedduun hojii isaanii dhiheessuun eenyummaa Oromoo ibsuu hanga qabsoo cunqursaa sirnoota garaagaraa taasisanii jiru. Amma sakatta'a qorannoo taasifnetti muuziqaawan Oromoo hojjatamanii hawaasa bira gahaniifi qeqni irratti dalagame wal hinmadaalu, hojiin barattootaa, keessattuu ittiin guuttanna Digirii lammaffaa muraasni jiraatanis. Isaan keessaa Habtaamu Baluudee (2019) Sirboota Ittiqaa Tafarii 'Saaqi Saanqaafi Itti muddii' fayyadama afaaniirraa dhaamsa 'diddaa' qabaachuu agarsiiseera. Habtaamuun qorannoo kanaan akkaataa itti fayyadama jechootaa, malleen dubbii, jechamootaafi mammaaksaa dhiheessee jira. Itti fayyadama afaanii kanaan weellisaan ergaa isaa salphaatti dabarsuuf isa gargaaruu adda baasee jira. Jechoonni filatamanis haala yeroo sanaa ibsuun isaanii dhageettii sirbichaaf gumaachuus adda baasee jira. Qabiyyeewan akka gaddaa, haaloo baafachuu, tuffii, akkasumas Oromoo jidduutti tokkummaa, abdii, obsaafi Oromummaan jiraachuu akka qabu dhiheessuus adda baasee jira.

Caalaa Ejjataa (2019) sirba Haacaaluu Hundeessaa 'Jirra Jirraa' haala ittifayyadama afaanii inni qabuun qorateera. Caalaan xiinxala isaan sirba jirra...jirraa keessatti ittifayyadamni jechoota filatamoo, jechoota walfaalleessaniifi walfakkii, dubbii qolaa, jechamootaafi cigoon ijaaramuu ergaan haqa uummata ifa baasuu, daba hawaasarratti taasifamu saaxiluu, hawaasatti abdii horuu mul'achuu argannoo isaan dhiheessee jira. Gaalchoon mataduree sirbichaas rakkoo keessa taa'uunis abdii egeree eeguun barbaachisu agarsiisuu ibsee jira.

Hojiilee maxxanfaman keessaa Taaxaq (2021) sirba Jaamboo Jootee "Beelbaa" irratti hojjateen karaa seenaa himuun yaadannoo hawaasaa ibsuun araaraafi tokkummaan labsamuu agarsiisee jira. Kaasaheefi Alamganaan (2022) kallattii qaaccessa qeqqa dubbarreen (critical discourse analysis) ergaalee karaa fayyadama afaanii sirba Galaanaa Gaaromsaa 'Walagarraa' xiinxalanii jiru. Argannoo qorannoo kanaanis barbaacha haqaa, ganamuu qabsoo, sirna beekamtin ala uumame mormuun mul'achuu qorannichi akekeera. Haala kanaan, muuziqaan yookaan sirbi Oromoo falmii sirna cunqursaa agarsiisuun ibsamee jira. Muuziqaan yookaan sirbaan diddaan illeanya siyaasaa uummatarraa hinmaddinee falmamuun akka argannoo qorannootti mul'atee jira. Xiyyeffanno qorannoo kanaa immoo xiinxala ergaafi fakkoommii bu'uureffachuu waamicha araara hooggantoota Oromoo jidduutti taasifameefi tooftaalee ittiin dhihaate sirba 'Duraanuu' keessatti xiinxaluudha.

## **2. Oromoofi Aadaa Falmii Jaarmiyaalee Oromoo Kaleessaafi Har'aa**

Ijaarsa Impaayera Absiiniyaa hanga caasessama sirna mootummaa ammayyaa Itoophiyaatti gaheen hooggantoota (elites) Oromoo guddaa ta'us, galataafi maqaa gaarii itti hinarganne. Maqaalee hooggantoota Oromoo dhoksuufi yeroo kaan immoo gochaalee isaanii nama biraaf dabarsuun seenaa Itoophiya garee tokkoon barreefame keessatti mul'atee jira. Akka Ziitilimaan (1996) ibse, 'raawwattoota dhokfamoo' ta'anii jiru. Akkasumas, eenyummaa isaanii qofa osoo hintaane, akka sabatti Oromooy namummaan akka hin suureffamneef yaaliin taasifamee jira. Haaltiin (1996) akka ibsu, dhimmootni moggeessuufi eenyummaa Oromoo dhoksuu kun injifannoo Aduwaan booda jijiiramullee seenaan maqaafi eenyummaa isaaniin hinkeessummeessine. Oromooy sirnoota kaleessaaj

hanga har'aatti ijaaramaa turan keessatti qooda isa irraa eegamu bahatee jira. Haata'umalee, ijaarsi biyya Itoophiyaa aadaafi duudhaa Oromoo ofkeessaa hinqabu. Egaa, Oromoo ijaarsa biyya kanaa keessatti akka qooda hinqabnetti moggeessuun kun komii garaagaraan bu'uura ta'eera. Karaalee komiin ittiin calaqqisu keessaa muuziqaan yookiin sirbi isa tokkodha.

Mararaan (2003) qorannoo matadureen isaa “The Elite and the Quest for Peace, Democracy and Development in Ethiopia: Lessons to be learnt” jedhamuun komii hooggantoota biyya Itoophiyaa hooggananaa turaniifi hoogganuuf yaalan dhiheesseen kufaatii gurguddoон shan mul'achuus ibsee jira. Komiiwan kunneen alkallattiin hooggantoota Oromoos ni ilaallatu. Komii isaafi kufatiin jalqabaa Kaasaa-Tewoodiroosii hanga Minilikitti yaaliin ‘impaayera’ ijaaruuf taasisan danqaa Itoophiyaa har'aa ta'ee jira. Walharkaa fuudhinsi aangoo hooggantoota Amaaraa-Tigraayiin impaayerri ijaarame hooggantoota Oromoone hundee godhate. Sirni Fiwudaalii kaabaa dhufe akka lafa qabatuuf hooggantoota waraanaa Oromoo fayyadamuu raawwate.

Aadaan aangoo walsaamuufi waliraa dhaaluu hooggantoota Tigraayi-Amaaraa jidduu tureef hooggantotni siyaasaafi waraanaa Oromoo lafee dugdaa ta'anii jiru. Akka Mararaan (2003) aangoo walsamuu Tigraay-Amaaraafi tumsa Oromoo ibsetti, hooggantotni Tigraay sababa burjaajii siyaasaa, quucaruu dinagdeeffi dadhabuu waraanaan hooggantotni Amaaraa Shawaa hooggantoota waraanaa Oromoo akka Raas Goobanaa, Fiitwaraarii Gabayyoo, Raas Mokonniifi Dajjaazmaach Baalchaa ofitti qabuufi gosagaloomsuun aangoo gulummeeffatan. Gosagaloomsuu kanaanis amantii kiristaanaa-Ortodoxsii babal'isu, Afaan Amaaraa guddisuuf aadaa Absiiniyaafi sona isaaniin saboota hedduu Itoophiyaa keessa jiran ukkaamsan. Haalli kun seenaan saboota hunda bakka hinbuune akka barreeffamu taasisee jira (Mararaa, 2003). Komiiwan kunneen yeroo ammaa ogbarruu Oromoo keessatti wiirtuu ta'anii dhihaachaa jiru.

Akka Mararaan dogoggoraafi kufatii lammaffaa jechuun ibsettis ijaarsa Itoophiyaa ammayyaaf ‘ammayyumaafi babal'ina industirii’ barbaachaaf michoomni warra dhihaa waliin taasifame Itoophiyaa keessatti rakkoo Oromoo hammeessee jira. Qabeenyi Oromoo akka saamamu, Oromoone gabrummaan akka gurguramu haala mijeessee jira. Du'a Miniliikiin boodas duulli Iyyasuurratti taasifame deeggarsa Habta Giyorgis qaba. Kun hanqina walooma Oromoofi michooma akka maleerraah dhufe agarsiisa. Keessattuu michoomni hooggantoota Amaaraa Shawaafi Oromoo Walloo dammaqinsa dhabuu Oromoo Yejuun olaantummaan warra Amaaraa akka itti fufu taasise. Iyyasuun inni danooma dhugoomsuuf dhama'u hidhamee, leellistootni olaantummaa garee tokkoo aangoo yemmuu gulummeeffatan, Oromoone isaan aangoorratti utubaa ture. Haalli kun hanqina waloomaa hooggantoota Oromoo jidduu ture agarsiisa. Kufatii sadaffaan Mararaan ibse waliigaltee dhabuu hooggantoota duudhawaafi ammayyaati. Hooggantoota Amaaraafi Oromoo gidduutti ilaalcha danooma irratti qabaniin ta'anis, Oromoo jidduutti garuu tokkummaa dhabuun mul'ateera. Fakkeenyaaaf, Konfidereeshiini lixaa, qabsoon Qonnaan Bultoota Baalee, qabsoon amantoota Musliimaa, sochiin Waldaa walgargaarsa Maccaa-Tuulamaa jiraatullee gaaddisa tokko jala ta'uu dhabuun madda rakkoo hooggantoota Oromoo akka ta'e ibsame (Mararaa, 2003).

Akka Mararaan ittuma fufuu ibsetti warraaqsa 1974'n injifannoo argame gara carraatti jijiiruun sirna diimookiraasii ijaaruu dhabuun kufatii arfaffaadha. Yeroo kanatti Oromoone dammaqinsa cimsatee sochii barattootaa keessattis ta'ee ijaarama siyaasaa qabaatullee iddo garaagaraatti ciccitee michooma alagaa tolchachuun waan miidhe fakkaata. Haalli kun hooggansi waraanaa, Dargiin karaa Mangistuu Hayila Maariyaam akka aangoo dhuunfatuufi hooggantootni Oromoo yeroo sana dura deeman kan akka Hayilee Fidaa, Baaroo Tumsaafi kanneen biroo faffaca'aniifi wareegaman ta'an. Kufatii sirna Dargiinis Oromoone waldhiissee hormatti michoomuun gidiraa Oromoone ABUT keessatti waggoota digdamii

torbaaf arge dhamdhamsiisee jira. Galatni qabsoo keerroofi qarreef haata'uutii jijiirama bara 2018 dhufeen Oromoonaan waan gaaddisa tokko jalatti dhufe fakkaatuus gamaa gama ilaaluu hooggantootaan Oromoofi Oromiyaan waggoottan shanan keessa jirru kanaatti dirree waraanaa ta'anii jiru. Qaamoni lameenuu 'sirna diimokiraasi' dhugoomsuuf akka qabsaa'aniifi kaayyoo Mootummaa Oromoof mijatu ijaaruu akka qaban ibsaa jiru. Jidduutti garuu uummatni nagaan dhumaan jiraachuu qaamoleen mirga namoomaaaf falman gabaasaa jiru. Kaasayeefi Alamganaan (2022) duubatti deebi'uu jijiirama kanaa yemmuu ibsan,

Following years of Oromo Protests and resistance in many parts of the country, a promising political reform began in Ethiopia in 2018. However, the reform could not address the longstanding Oromo demands as the reform was hijacked by a reactionary and nostalgic group that had a plan of going back and resuscitating Imperial Ethiopia rather than moving forward and democratize the country. The coldblooded murder of a famous Oromo artist, Haacaaluu Hundessa, who played a pivotal role in popularizing the Oromo Protests, further aggravated the discontent among the Oromo. (f.1)

Gufachuun jijiirama qabsoon dhufee kun ammas wareegama biraan dhale. Oromoonaan sirna Impaayeraa maqaa sirna mootummaan ijaarame jijiiree sirna diimookiraasi dhugaa ijaaruuf dhama'us, gamaagamana dhaabachuu hooggantoota Oromoonaan lola waliinii keessa seename. Namootni qabsoo kana finiinsaa turan kan akka Artistifi falmaan mirga dhala namaa, Haacaaluu Hundeessaa, wareegaman. Kanaafuu, ijaarsa biyya kanaa keessatti Oromoonaan gahee qabaatus tokko fayidaa sabichaaf osoo hintaane, sabicharratti miidhaa fide. Aarsaa biyya ijaaruu qabaatus maqaafi galatas dhabee seenaan isaa dhokfame. Galaafi galata dhabuun hooggantoota Oromoonaan walooma Oromo itichuu dhabuu irraa dhalate.

Waa'ee sansaka hooggantotaafi jaarmiyaalee Oromo irratti qeeqni garagaraa qorattootaan dhiyaateera (Asaffaa, 2007). Akka hayyuun kun jedhutti, walooma dhabuun hooggantoota Oromoonaan tokkoon akka aadaa siyaasaa habashaaf bitaman taasisuu, karaa biraan garaagarummaan hooggantoota qofaa osoo hintaane, hawaasa isaan deeggaran jidduutti akka dhalatu taasisuu ibsa. Kun immoo Oromummaan Oromoota hundaa walqixa guddachuu dhabuu agarsiisa. Akka ibsa isaatti, "Some Oromos are more familiar with their personal and relational selves than they are with their Oromo collective self, because their level of Oromummaa is rudimentary" jedha (f. 16). Hariiroon hooggantootni Oromoonaan waliin qabaachuu qaban eenyummaafi aadaa fuulleffachuu akka qabu hayyuun kun itti dabaleetu ibsa. Hoogganaan saba tokko keessaa bahe eenyummaafi haala sabni sun keessa jiru hubachuu qaba jechuun haala kanaan ibsa: "The political leadership of Oromo society needs to understand the concept and essence of the changing selves of Oromos." Kunis, akkaataa yaaduu, xinsammuufi amala yookiin sansakaan sabicha fakkaachuu qaba. Haala kana Mahaamad (2009) sirni nafxanyaar darbee darbee akka Amaaraatti lakkaa'amus, saboota garaagaran irraa namoonni gosagaloommiin sirnichaaf hojjatan jiru jechuun ibsa. Isaan kunneen Impaayera Itoophiyaa kana utubuu keessatti qooda jabaa bahanii jiru. Kanaafuu, Oromoonaan aadaa ambaatti madaquun Oromoos miidhee, hooggantootni dhuunaanis maqaa gaarii dhaban, eenyummaan Oromoos akka duubatti dagatamu taasissee jira.

Rakkoon Oromoonaan marii ilaafi ilaamee qabuun hooggantoota jidduutti, hooggantotaafi hawaasicha jidduutti ta'uu akka qabus waamicha dhiheessa. Waamichi Asaffaa (2007) kunis,

A constructive dialogue creates mutual understanding and agreement within and between leaders and followers within an organization or a movement. An effective conversation among leaders and followers can help in the process of developing strategic innovations from diverse perspectives and experiences and in finding new solutions for existing problems. (f. 17)

Akka yaanni kun akeekutti waliin dubbiin hooggantoota Oromoo jidduutti jiraachuun ilaalchaafi daandii qabsoo gamaa gamana dhaabbatu walitti fida. Haalli kun immoo saba Oromoo jidduuttis tokkummaa cimsa. Walitti dhufuufi waliin dubbachuuun tokkoon muuxannoo walii quoduu, karaa biraa mufii jidduu namoota jiru hiikuun araara uuma. Xiyyeffannoona waraqaa kanaas sirba Galaanaa Gaaromsaa ‘Duraanuu’ xiinxaluun gahee walooma hooggantoota Oromoo, akkasumas saba Oromoo jidduutti qabu agarsiisuudha.

### **3. Xinmalleenifi Yaaxxina**

#### **3.1 Xinmalleen**

Qorannoonaan kun saxaxa akkamtaan kan ijaarame ta’ee, ragaaleen hafeefi suursagalee sirbaa irraa walitti qabaman galumsa hawaasummaafi xiinxala duubbarree (haasbaruu) hawaasa keessaa weellisaan dhimma itti bahe filachuun taasifame. Kanaafuu, ragaaleen madda jalqabaafi lammaffaa hojiirra oolanii jiru. Ragaaleen sakatta’aa dookimantii kun akka kaayyoo qorattootaatti hafee ogwalaloofi suursagalee sirbichaa filataman kaayyoo qorannichaa galmaan ga’uuf kanneen mijataniidha. Haala kanaan malleewwan yaxxinoota garaagaraa hojiirra kan oolan yemmuu ta’u, gadifageenyaan hubachuu, galumsa hawaasummaafi miira dubbistootaa/qorattootaa hirmaachisuun xiinxalli taasifamee jira. Xiinxalli taasifamee kunis galumsa hafeefi suursagalee sirbichaa bu’ureffachuu mala ibsaa akkamtaan dhihaatee jira.

#### **3.1 Caayaa Yaaxxinaa**

Qorannoonaan kun saxaxa akkamtaan kan ijaarame ta’ee, ragaaleen hafeefi suursagalee sirbaa irraa walitti qabaman galumsa hawaasummaafi xiinxala duubbarree (haasbaruu) hawaasa keessaa weellisaan dhimma itti bahe filachuun taasifame. Kanaafuu, ragaaleen madda jalqabaafi lammaffaa hojiirra oolanii jiru. Ragaaleen sakatta’aa dookimantii kun akka kaayyoo qorattootaatti hafee ogwalaloofi suursagalee walitti fiduun filataman. Walaloofi suursagaleen sirbichaa filataman kaayyoo qorannichaa galmaan ga’uuf kanneen mijataniidha. Haala kanaan malleewwan yaxxinoota garaagaraa hojiirra kan oolan yemmuu ta’u, gadifageenyaan hubachuu, galumsa hawaasummaafi miira dubbistootaa/qorattootaa hirmaachisuun xiinxalli taasifamee jira. Xiinxalli taasifamee kunis galumsa hafeefi suursagalee sirbichaa bu’ureffachuu mala ibsaa akkamtaan dhihaatee jira.

#### **3.1 Caayaa Yaaxxinaa**

Kaayyoonaan ijoo qoranno kanaa xiinxala qabiyyeefi akkaatummaa sirba “Duraanuu” (Caamsaa 2023) keessatti dhiyaate taasisuun gahee walooma sabaaifi araara hooggantootaa uumuuf qabaate akeekuudha. Xiinxalli taasifame qabiyyeewan walaloo sirbaafi mallattooleefi fakkoomii suursagalee keessatti qindaa’an bu’ureffate. Ergaa ijooifi akkaatummaa dhimma itti ba’aman kanas caayaa yaaxxinaa gumaacha hafee, galumsaafi gaheen dubbisaa bu’ureffatu filachuun xiinxalamnee jira.

Kalaqni aartii tokko tarsiimoo ittiin duubbarreen tokko ijaaramuufi hiikkaan itti kennamu ofkeessaa qaba. Sirba xiinxalamuuf deemamu keessatti duubbarreen waloomaafi araaraa dhimma walaloo sirbaa ta’uun dura, waan hawaasa keessatti mul’atudha. Barreessaan walaloo sirba kanaas ta’ee hawaasni gahee hawaasummaa qabu irratti hundaa’uun waa’ee dhimmichaa hubachaafi hubachiisaa tureera. Kanaafuu, hawaasni akka madda duubbarree kanaatti fudhatama. Hojiin kalaqaan kun achii madda, garuu duubbarree ofiisaatii qaba. Duubbarreen kun akkaataan inni itti ijaaramu, filannoo qabiyyeefi teeknikoota barreeffamaafi qindoomina suur-sagalee irratti hundaa’a. Darbee ammoo jamaaf yoo dhiyaatu duubbarree maddaa, kan hojii kalaqaafi kan dubbisaa/dhaggeeffataa waliin walitti dhufuun

ergaa hubatamuu malu dabarsa. Kanaafuu ergaa sirba filatame kanaa xiinxaluuf yaaxxina dhimmoota armaan olitti ibsaman ammatu filachuun barbaachisa.

Yaaxxinaaleen ogbarruu gara garaa dhimmoota irratti fuulleffatan qabu. Kanneen akka Qeeqa Haaraafi Bifiyyeen waan hafee keessatti dhiyaate qofaa irratti daangeffamuun dubbisa gadifagoo gaggeessu. Gumaacha galumsi hawaasummaa, seenaafi dinagdee hiikkaa hojii aartii tokkoof qabaatu moggeessu (Phelan, 2021; James, 2020; Greenham, 2018). Yaaxxinaaleen akka Hawaasummaa ammoo irra jireessaan hariiroo hojiin aartii tokkoo galumsa seenaa, hawaasummaafi siyaasaa waliin qabu irratti fuulleffatu. Kanaafuu, walaloo tokko yoo xiinxalan galumsa inni keessaa maddeefi keessatti hubatamu bu'uureffachuu ergaa isaa hiiku (Tayson, 2011; Bertens, 2017). Yaaxxinaaleen xiinxala ogbarruu keessatti dubbisaaf bakka guddaa kennan ammoo, dhimmi hiikkaa ogbarruu dhimma hariiroo dubbisaafi hafee gidduutti taasifamuu godhanii fudhatu. Isaan kun miireffannaafi muuxannoon dubbistootaa hiikkaa hafee ogbarruu tokkootiif bu'uura ta'uu ibsuun, hiikkaan adeemsa hariiroo kana keessatti kan maddu malee hafee ogbarruu tokkoo keessaa waan barbaadamee argamu miti jedhu (Davis & Womack, 2018; Tayson, 2011).

Waraqaan kunis irra jireessaan caaya yaaxxina galumsa hawaasummaa bu'uureffate kan hordofu yoo ta'u, gumaacha hiikkaa keessatti gaheen qindoomba hafeefi muuxannoon dubbistootaa qabaatan wiirteffata. Qeeqa hawaasummaa fayyadamuun ergaalee dhiyaatan galumsa seenaa, siyaasaafi diinagdee keessatti xiinxala. Ergaafi fakkommii hafee walaloo sirbaafi suursagalee keessatti ammataman ammoo bu'uura xiinxala hafee gadifagoo (close textual analysis) gaggeessuun qabsiisa qabiyyeewan kunneen taateewan ammee waliin qabaatan muuxanno dubbistootaa/qorattootaa irratti hundaa'uun ergaa fuulleffanna argatetti hiikkaa kenna. Haaluma kanaan, qabiyyeewan ijoo, fayyadama afaaniifi mallattoolee waloo dhimma itti ba'amman yaaxxina Qeeqa Haaraa hordofuun xiinxalam. Jechoonni walaloo sirbaa keessatti dhimma itti ba'amman, teeknikoonni xiyyeffannaan filatamaniifi mallattooleen suursagaleen qindeeffamanii dhiyaatan ergaa ijoo irratti fuulleffatame ibsuudhaaf gargaaru.

Ka'umsi caaya yaaxxinaa sadeen walitti qindeessuu kallattiwan hubannoo ergaa sirba filatamee danooma qabaachuu irraa kan ka'edha. Xiinxalli hafee irratti daangeffamee taasifame guutummaa ergaa sirba filatamee waan hin mul'isneef galumsa hawaasummaa sirba filatamee ilaaluun barbaachisaadha. Kanaafuu, ergaalee xiyyeffataman ibsuudhaaf yaaxxina qeeqa hawaasummaa hordofuun sirbichaa haala ammee siyaasaafi hawaasummaa Oromoo waliin walqabiisuun xiinxalam jira. Akka hayyooni yaaxxina kanaa ibsanitti, walloon sirbaa waan jirenya guyyuu hawaasa keessa jiru, ilaalcha siyaasaafi hawaasummaa sabichaa ibsa. Walloon sirbaa jalqabarratti ibsata dhageettii nama walaloo barreesse sanaati (songwriter). Ibsatni dhageettii kun ammoo jiruufi jirenya hawaasa keessa madda, isas deebisee addeessa. Keessumaayyuu dhimmoota waloo hawaasa/saba tokkoo akka ufii arganitti, hubataniifi miireffatanitti dhiyeessu. Kanaafuu, xiinxala ergaa sirbootaa hubachuuf waan sirba keessatti dhiyaateen dabalata haala seenaafi hawaasummaa sakatta'uun barbaachisaadha. Haaluma kanaan sirba Galaanaa Gaaromsaa xiinxaluuf bu'uuraalee seenaa, siyaasaafi hawaasummaa baraa ilaaluun barbaachisaadha.

Kallattiin biroo ittiin sirbi xiinxalamu beekumsaafi muuxanno hawaasummaa dubbisaan/qorataan qabaatu irraa madda. Akka hayyooni deebii-dubbistootaa kaasanitti, dhimmi hiikkaa hafeefi galumsa hafee qofaa irratti hinmuroeffamu, ilaalchaafi hubannaas dabbisaas dabalata (Rosenblatt, 1995; Beach, 1993). Kanaafuu, hiikniifi dhiibbaan sirbaa waan dhaggeeffattooni (waraqaa kana keessatti qorattooni) miireffatanifi hubannoo irratti hundaa'uun qindeessan irratti hundaa'a. Qorattooni muuxannoofi beekumsa siyaasaa, hawaasummaafi seenaa Oromoo qabatamaa irratti hundaa'uun hiika mallattooleefi ergaawan ammatamanii xiinxalan. Dhimma kana Seiler (2012) yoo ibsu, hiikkaan walaloo sirbaa

jechootuma achi keessatti dhiyaatan irratti kan daangeffamu osoo hintaane dhiibbaa dhiyaatinni (representation) dhaggeeffataa irratti qabu waliin hidhata akka qabu eera.

Songs have no absolute meaning or value and can't be assessed according to what the lyrics say or what the performer believes; rather, a song's influence on a listener is a matter of what the music represents and expresses and how it is received. Only then does the music take on meaning, and only then might its social and political aspects become evident. (Seiler, 2012, f. 40)

Akka yaada olii irraa hubatamu ergaan sirba tokkoo walaloo qofaa irraa kallattiin kan hubatamu osoo hintaane, ibsummaafi bakkabu'ummaa aadaa hawaasaa duukaa bu'uu gaafata. Kanarratti hundaa'uun sirbi tokko akkaataa dhiyaanna yaadaa, walaloofi qindoomina suursagalee irratti hundaa'uun kallattii gara garaan hubatamu ykn xiinxalamuu danda'a. Sirba tokko kallattii siyaasaan xiinxaluun hubannoo dhaggeeffattootni/qorattootni galumsa keessatti sirbichi dhiyaate qabaachuu gaafata. Kanaafuu, qorattooni humna ergaafi hawwanna sirba Galaanaa Gaaromsaa taateewwan seenaa darbaniifi kan ammaa waliin walitti fiduun xiinxala gaggeessaniiru.

Walumaagalatti caayaan yaaxxina qorannoo waraqaa kana keessatti dhimma ba'ame hubannoo kallattii gara garaan jiran walitti fiduun ergaa fuulleffatame xiinxaluuf kallattii yaaxxinaalee hawaasummaa, hafeefi dubbisaa bu'uureffatan walitti fiduun faayidaarra oolcheera.

#### **4.1 Xiinxala Ergaawan walaloo sirba “Duraanuu”**

##### **4.1.1 Walooma Oromoo ganamaafi lola waliinii atakaroon dhalche**

Oromoont uummata raagamtaa waloo tokko qabuufi idda dhaloota qomoo tokkoo himatuudha. Kanaanis, daangaa lafaan osoo walhinoodiin walooma isaa ibsata. Oromoo jidduutti sababa lafa jirenyaatiin walirraa fagaachuun haa jiraatu malee wiirtuun eenyummaa isa tokko, Oromummaa himata. Kanaanis, miidhamuu ta'ee miidhuun Oromoo jidduutti mul'ate kan Oromoo maraati.

*Fuulleetti ilaaleen dhaqee madaalee  
Daangaa lafaa baargamaaree  
Haati dhiiraa bar lamaaree?...*

Akka bo'oowwan walaloo asii olii irraa hubatamitti Oromoo jidduutti daangaan jiraachuu dhabuu akeeka. Kanas lafaafi haadhaan ibsuun daangaa biyyaa tokko qabaachuufi haati keenyas tokko jechuun hundee tokko ta'uu akeeka. Weellisaanis dhimma kana muuxannoo qabatamaa beekuun ta'uu ibsuuf, “fuulleetti ilaaleen dhaqee madaalee” jechuun daangaan Oromoo tokko ta'uufi madda waloo qabaachuu jabeesse. Kanarraa kan ka'e, akkuma “harreen waldhiitti malee ilkaan walhin cabsitu” jedhamee mammaakamu Oromoont walmiidhus wal akka hindadhabne ibsee jira. Oromoont fageenya daangaa lafaan ofmurteessuu akka hinmalle gamaa gamana dhaabbatee wal ilaaluu irra walitti adeemee akka ilmaan haadha tokkootti waliyyaafachuu akka qabu akeeka.

*Walirratti waliif nu uumee  
Mormi mataa dadhabaaree  
Mormeef firaan waldhabaaree*

Oromoont hidda tokkorraa kan uumame qofaa osoo hintaane, walutubuuf akka uumame ibsa. Kanaanis, waljibbuufi walajjeesuu osoo hintaane, aadaan waloomaa Oromoo jidduu jiraachuu akka qabu akeeka. Oromoont uummata baay'ina qabuufi danooma walii kabajee waloon jiraatu ta'uu qaba. Walirratti waliif nu uumeen Oromoont walitti diina ta'uu osoo hintaane, dhiiga tokko ta'uun akka walutubnuufi. Walutubuun mataafi mormaa, firoomina mormi of waliin qabuun ibse. Mormi mataa baachuu, mataan yaaduu qaba. Mormi immoo innuu tokko waan ta'eef diina biraa hin qabu. Galumsa jechoota kanaan Oromoont hidda tokko ta'uun walitti diinomuu akka hin dandeenye akeeka. Haata'umalee, akkuma saba kamiyyuu amalaafi sansaka, fedhiifi danooma yaadaa qabaannus waldanda'u, walkabajuufi

waltumsuun barbaachisaa ta'uu karaa "waldhabuu" dhiisuun ibsameera. Sababni Oromoontokko ta'uu karaa jecha "mormaafi firaan" ibsameera. Kanaaf, Oromoontummata hidda qomoo tokkorraa maddeefi waldanda'ee walooma isaa mirkaneessuu akka qabu dhaama. Yaada waloomaafi walutubbii kana olkaasee mul'isuuf mallattummaa hariiroo mormaafi mataa dhimma itti ba'e. Qaamonnii kunnee waliin waliif uumaman, Oromoontummaa akkasuma akka jechuuti.

Gama suursagaleen akka akeketti Oromoontummaa waloo qabaachuu galma tokko keessatti 'araaraaf' walghaahudha. Mallattoo araaraa kan ta'u "coqorsa" utubaa isaatti hidhatee nagaa fiduuf qophaa'uu isaati. Galma kana erga ijaarees mana ittiin ijaaruuf 'citaan' hidhaan tokko mul'atee jira. Karaa kanaan yaadrimineen "nagaa" Oromoo mul'atee jira. Oromoontummaa walajeesaniif illee 'gumaa baasuun' waliif araarama. Karaa fakkoomii Gugeefi bosonaan hariiroo akka Oromoofi uumama jidduu jiru mul'iseera. Gugeen barbaacha nageenyaa, bosonni immoo iddo nagaan itti argamuudha. Bosonni bakka waraanaa ta'uun mana qabsaa'otaa akkuma ta'u, nagaafis fakkoomii ta'ee mul'atee jira.



Fakkii 1. Namoota galma keessatti araaraaf walghahan



Fakkii 2. Coqorsa utubaatti hidhame



Fakii 3. Citaan mana ittiin ijaaran



Fakii 4. Gugee akka mallattoo nagaatti

Karaa sardiidaan immoo walmiliquu, wahatuu yookiin butamuu qabsoo akekeera. Qeerransi immoo jabinaafi fulleetti waan garaa isaa hojjachuu akeeka. Kun sansaka qabsaa'otaa yookiin jaarmiyoota Oromoo ibsa. Jaarmiyaafi qabsaa'oni Sardiidaan fakkeeffaman kanneen qabsoo uummataa butan, hataniidha. Kanneen qeerransaan fakkeeffaman immoo kallattiin dhugaa Oromoofi eenyummaa Oromoof falmuu warra murteeffatan bakka bu'a. Naachi immoo warreen diina qabsoo Oromooti. Galumsa sirba kanaa keessatti naachi mallattoo diina hamaa qabsoon Oromoo qabu kan yoo hingalaafatamne miidhaa hamaa qaqqabiisu ta'ee dhiyaate. Kanarraa kan ka'e dhuma irratti eebloon waraana.



*Fakkii 5. Qeerransa, Sardiidaafi Naacha*

#### 4.1.2 Wal hubannoo nuyiifi Isaanii dammaqinsaan uumame

Oromoonees ta'ee warreen eenyummaa Oromoo dhugaa hin fudhanne adda baasuun “nuyii”fi isaan mul’ateera. Yaadrimeen kunis, seenaa kaleessaafi galma egeree bu’uureffachuun ibsame. Kun immoo amma dammaqiinsaa akeeka. Walaloo sirba kanaanis ibsameera

*Diinni kee diina koo sobeeti si naalchaa  
Abbaat wal'aannataa cabaa cinaachaa*

Bo’oowwan walaloo kunneen Oromooneen diina waloo malee walirraa diinummaa akka hinqabne mul’isa, diina walitti hinta’u. Kanaaf, cabaaifi safuu Oromoo jidduutti ta’e Oromoodehumatu suphachuun qaba yaada jedhu dhiyeessa. Haata’umalee, Oromooneen michooma akkaa hintaaneen dugda walitti galuu miidhaa fideera. Kanaaf, lafee cinaachaa cabe abbumatu wal'aannataa jechuun rakkoo keessoo Oromooneen xumuramuun akkaqabu akeeka. Muuxannoo irraa akka hubatametti diina michoomfachuufi diinaan sossobamuun bu’aa fiduu dhabuu akeekuuf, “sobeetu si naalcha” jechuun dhiiga ofii balfuun diina michoomfachuun itti fufinsa dhabuu ibse. Sobee naalchuun immoo mooksaa alagaan ta’uu akeeka. Kanaafuu, gowwomsaa isaanii ofirratti baradhu, anumaafi si’itu waliif wayya, jarri sobdee si mooksiti malee siifis anaafis diinuma jedhee gorsa. Kanaafuu, finna kee issa lafee keetirraa uumame badadadhu, wal'aannadhu ergaa jedhu dabarsa.

*Hushuruuruu jedheen dadhabee  
Huruursaan way garaa hinraffisuu  
Hafuuffaaan way madaa hinfayyisuu  
Finxaal wacee waraanaa labsuu  
Haqa koorraa namuu namaksuu  
Arrii baadhee araara indabsuu*

Bo’oo kana keessatti walooma Oromooneen jidduu balfuun michooma ‘ormaa’ barbaadamus, kaayyoon qaamota lamaanuu tokko ta’uu dhabuu waan yaadame bira akka hingeeyne danquu akeeka. Ijaarsi biyyaa waan humnaafi shiraan raawwatamu ossoo hintaaneen, ’ilaafi ilaameen’ kaayyoo waloofi tarsiimoo waloon galma gaha. Kanaaf, kadhaafi miliqufi miliqsuun galma hin gahu. Kanarraa kan ka’e ‘huruursa’ yookiin ‘hushuruuruun’ ijaarsi biyyas ta’ee sirna mootummaa galma gahuu dhabuu akeekereera. Faallaa kanaa waca finxaaleyyiifi tarsiimoon waraanaa filatan haqa ganamaa falmachuu irraa akka hindaangessineefi yaadni isaanii galma gahuu dhabuu akeeka. Karra shanan Finfinnee itti olseenuuufi galma araaraa achitti ijaaruun waca finxaaleyyiin akka hindanqamne bira qabee ibsa. Qabatama Itoophiyaa keessatti waggoottan arfan sadarkaa biyyaatti lolli waliinii adeemsifame gaaga’ama qaqqabiisiuufi miidha mudateenis hariiroon saboota jidduu jiru rakkoo keessa galuun nimul’ata. Qaamota wal waraanan gidduutti miidhaa malee bu’aa ossoo hin buusiin gamisaan araaraan yemmuu xumuramu, warreen tarsiimoo waraanaa uuman mufachuun lola biraaf ofqopheessan. Gareen biraaf araaraaf qophaa’u jiraatus gareen lola waliinii jajjabeessu ammallee mufii guddaa qabu. Araarri hundi galeessiifi haqa qabeessis galma hin geenye. Kun martuu bu’aa michooma akkamaleefi walooma

Oromoo danqeedha. Ta'us, dhuma irratti Oromoo jidduutti rakkoon mudate karaa araaraa qofaan galma gahuu akeekuuf 'ariitiin ala, obsaan walooma Oromoo mirkaneessuun barbaachisaa ta'uu akeekkachiisa. Kun karaa yaadrimee aantummaa walooma Oromoo kaleessa tureefi har'aafi egereefis dirqamsiisaa ta'uu agarsiisa.

Egaa, Oromoo jidduutti walhubanna dhabameen miidhaan garee waldhabe lamaanirra gahuu akeekuuf, Oromoone fayidaan argate akka hin jirre ibsa

*Duraanuu (6) .... Edaa duraanuu...*

*Sababni waa dhaba keenyaa waldhaba keenya*

*Sababiin danqama keenyaa waldhaba keenyaa*

Mataduree sirba isaa "duraanuu" jedhu fayyadamuun muuxannoo karaa sarbama Oromoo akeekuun "nuyiin nuyi'miidhuu ibsa. Oromoone waa dhabuun maddisaa "waldhabuu" irraa dhufe. Galmaafi akeeka tokko osoo qabuu tarsiimoofi ilaalcha garaagaraan waldhabuun akka bu'aa malee jiraatu qofaa osoo hintaane, danqamuu uummataas fiduu dhiheessa. Kanaaf, Oromoone ofitti deebi'ee waan qabu, gatee-barbaaduu caalaa waan qabuun dhimma isaa akka xumuratu ibsa. Waanti Oromoone qabu Sirna Gadaafi jaarmiyaalee isaan rakkoo isaa furachuuf egeree dhalootaa faluu akka qabuudha. "Duraanuu... yaa harcaasanii funaanuu..." kan jedhuun dhamaatii waan harkatti galfate dhabuu ibsa. Oromoone sirnoota garaagaraa keessatti adeemsa "qoqqoodanii bituun" addaan erga faca'ee, caalaattuu injifannoo 2018 tiin walitti gurmaa'ee aangoo siyaasaa ofharkatti galfatus booda walooma isaa diiguun waldanquun miidhaa waloo Oromoo ta'uu akeekuun ofitti deeb'uu akka qabu akeeka. Oromoone walitti deebi'uun immoo diinni isaa "maraachuu" akka danda'u akeeka. Kanaanis, diina Oromoof waloomni Oromoo dhabamuun carraa ta'uu akeeka. Kunis, amala Oromoofi diina isaa addaan baasanii beekuu irraa ibsame. Kun immoo muuxannoo Oromoo yeroo garaagaraatti argate ta'uudha.

Diinni Oromoo kan fayyadamu yemmuu Oromoone waldhabu qofaadha. Waldhaba Oromoo keessaa bu'aa buufata. "Yoo waa jiraate waa kutaa" kan jedhu Oromoo jidduutti waldhabni yoo dhufe diinaaf karaa bana. Kanaaf, Oromoone fira walmalee akka hin qabne, dinni Oromoo tooftaa siyaasaaf michuu fakkaatus diinuma ta'uu akeekuuf:

*Diinni diinumaa nuu hintolu*

*Sossobbaan hormaa nu infuruu*

jechuun ibsa. Diinni sobee nu sossobuun akkuma muuxannoo sirnoota garaagaraa keessatti mul'ate qaawwa barbaadachuuf malee Oromoo kamiifuu firooma hinqabaatu. Tooftaan sossobbi diinaa Oromoo jidduutti waldhaba uumuun karaa mijeffachuufi.

#### 4.1.3 Yaadannoo miidhamaafi ejjannoo Oromoo

Oromoone diina waloo qabaachuun muuxannoo darbeerraan kan baramu ta'ee yaadannoo waloo Oromoos ta'eera. Diinni diinumaa nuu hintolu, sossobbaan hormaa nu infuruun muuxannoorraa dhufe. Yaadannoo waloo hawaasaa kanas yemmuu ibsu,

*Gagaa hin sooratu abbaan dammaa*

*Yoo hubatteef dubbiin sun lama*

*Qalbeeffannaan dubbiin sun lama*

Abbaan dammaa abbaa qabeenyaati. Kanaaf, namni gaagura hidhuufi damma baasu gagaa osoo hintaane, nadhii dammaa nyaata. Walaloo kana keessattis xiyyeffannaa agarsiisuuf kan gargaarame ta'ee, nageenya harka Oromoo jiru akeekuufi. Oromoone muuxannoo isaan yeroo lamaaf carraa ofharkaa baasuu akeekuuf 'lama' jechuun ibsa. Carraan jalqabaa kan bara 1991 ta'ee, hundeffamuun DHDUO' jaarmiyaan ganamaa Oromoo dhiibamee Oromoo wagga 27f miidhame. Inni lammataa qabsoo qarreefi queerroon jijiiramni bara 2018 argame gufachuu akeeka. Kanaaf, Oromoone muuxannoo isaan "carraa

gurguddoo lama” ofharkaa baasuu yaadachiisa. Haalli kun uummataa jaarmiyaa siyaasaa garaagaraa deeggaran jidduuttis diinummaafi walballeessuu uume. Ummatniifi sirni uummataa immoo riqicha. Riqichi diigamnaan laga ce’uun hin danda’amu.

*Riqicha diigaa galaana hin ceetuu  
Godaannisa koo madaadha hin seetuu  
Inni si nyaate nuufuu gugguufaa  
Boru nu ciniinuuf har'a nu suuufaa*

Yaadannoona waloo Oromoo walcabsuunis ta’ee diinaan miidhamni dhufe akka Oromoona galma barbaadu bira hingeneye dhorkeera. Kanaanis walsakaaluu qofaa osoo hintaane, waldhabamsiisuuf hojjatameera. Kun immoo godaannisa uumameedha. Godaannisni kun madaa ta’uifi madaa kanaafis eegumsi taasifamuu akka qabu akeeka. Keessattuu madaan kun akka laayyootti akka fayyuuf araarriifi dhugaan miidhamtootaa waan mul’achuu qabuufi. Caalattuu, wareegama Weellisaa Haacaaluun booda gumaan isaa dhokachuun agarsiistuu madaa kanaati. Walaloo kanaan yaadannoona waloo kaleessaa har'a illee deebi’uu akka malu akeeka. Kanaaf, michooma akka hintaane irraa ofeeguun barbaachisaa ta’uu ibsa. Kunis, yeroo ammaa jaarmiyaaleen Oromoo michooma garaagaraa taasisaa jiru. Kanaaf, Oromoona dursa ofiifi walitti araaramuu tokkummaa isaa cimsuu akka qabu akekkachiisa. Miidhaan kaleessaa har'aafi borus akka hin deebine agarsiisa.

Bu’aan Oromoona kaleessas ta’ee har'a argate tola kan argame miti. Aarsaan lubbuu itti kanfalameetu. Kanas akeekuuuf sirni durii har’as ta’ee boru Oromoof akka hin mijanne akekkachiisa.

*Dafqakoo xuruurseen fide  
Waan hormaa hin feedhu didee  
Baruulee malee dabtarroo hintoltu  
Sirni gaafasii sichi si hinbittu*

Sirni kaleessa Oromoona cabsaa ture har’as bifa jijiirrachuu malus, illeanya Oromoona waliin walii masaanuu ta’uun beekama. Kun immoo galmi Oromoofi isaanii waan waliduuifi. Kanaaf, Oromoona waliin, waliif malee fira dhabuu akeeka. Karaa biraa, sirna Oromoof masaanuu ta’etti deebi’uu akka hin danda’amne quba qabiisa. Akkasumas miidhama dhufe keessaa namoonni qaaliin akka Artistii beekamaa Haacaaluun Hundessaa aarsaa ta’uun yaadannoocimaa ta’uu akeekuuuf ‘tiruun’ dhabamuun dhimma ejjannoocimaa yaadannoocimaa ulfaataa ta’uu akeeka

*Diigee jiruu koo dhabee tiruu koo  
Waan fayyaa qabu seetee  
Natti haasoftaa akka feetee*

Qabsoo Oromoona akka waliigalaatti, keessattuu qabsoon bara 2018 keessa taasifameen miidhamnifi dararamni Oromoona dhalate cimaa ta’uifi namoonni hedduun aarsaa ta’uun waraana waliinii Oromoona keessatti seenaa gurmaacha ta’uu ibsa. Miidhama kanaanis qalbiin Oromoona cabuufi yaadannoohindagatamneefi galma qabsoo Oromoof galaa ta’uu isaa akeeka. Madaan gochaafi jechaan dhufe cimaa ta’uifi gara fuulduraattis egeree Oromoof ‘dhugaafi nagaan’ waaraa barbaachisuu ibsa. Oromoona jidduutti dhugaa dabsuun walitti araaramuu illee akka hin jiraanne akeeka. Kanaaf, dhugaan abbaa dhugaaf galuu akka qabu, kan wareegameef ‘sirni gumaa baasuu’ akka barbaachisuu ibsuuf, “natti haasoftaa akka feete” jedha. Akka aadaa Sirna Gadaatti warri ajjeesefi ajjeefame amma gumaan bahutti ‘ijaafi adaamii’ dha. Akka buufata biraa keessatti ibsame “galaan dhiigaan” akka hin nyaatamne akekeera. Kanaan gumaan namoota aarsaa ta’aniibahu akka qabu agarsiisa. Kun yaadannoona waloo Oromoofi ejjannoocimaa waloon qabus ta’uu akeeka.

#### 4.1. 4 Walunachiisa diddaa kaleessaafi galma egeree

Oromoonyeroogaraa garaatti sarbamaa eenyummaa itti dhufe tole jedhee hin fudhanne. Kanaais, akka Asafaan (2015) ibse aadaa diddaa horateera. Aadaan diddaa kun immoo akka Gammachuun (1996) ibsu “muuxannoo hawaasummaarrraa” burqa. Kanaaf, ammas falli diddaa taasisuun egeree Oromoo faluu akka qaban akeeka.

*Warra walnyaaturraa waa nyaatanii  
Yoo waloomtan falaan baatanii  
Harka dhiigaan galaa hinnyaatanii  
Yoo dadhabnee karaan dheeratee  
Yoo dabellee lafeen meelatee  
Xannachi yoom tiruu dhuunfate*

Duraan dursee rakkoon caba Oromoo maal akka ta’e cimsuuf qaawwi Oromoo “waldhaba” isaa ta’uu irradeddeebiin agarsiisa. Falas immoo walumaan akeekuuf ‘waloomaan falachuu’ agarsiisa. Akka Oromoonyammaaku, “bakka dhugaan jiru nagaan jiraachuu” akeekuuf walmiidhinsa Oromoo jidduutti mul’ateef araarri dhugaan akka dhufu ibsa. “Harka dhiigaan galaa nyaachuun” safuu Oromoo akka hintaane ibsa. Oromoo jidduutti waldhiigsuun sirnoota garaagaraa keessa mudateen seenaan yaraan dhufus araarri dhugaan dirqama ta’uu ibsa. Karaa “galaa” jedhuun ‘hirbuu’ waloo Oromoo diigame ibsa. Egaa, Oromoony sirnoota mootota Absiiniyaan bulchamaa ture keessatti lolli waliinii hoggantootaa tureera. Kanaanis, Oromoony baroota dheeraaf miidhamus ammas qabsoosaa akka hin dhaabne akeekuuf “dadhabee karaan dheeratus, yo dabellee lafeen meelatus” jechuun ibsa. Weerara Minilikii kaasee hanga ammaatti hooggantoota Oromoo jidduutti hariiroon akkamalee (unjust relation) uumamaa tureera. Sirna Minilik keessatti namoonni akka Goobana Daaccee diina firoomfachuun Oromoo waraanaa turaniiru. Sirna Mootii Gonfoo H/Sillaasee keessattis Abbootiin lafaa Oromootti deebi’uun cunqursaa taasisuun seenaan ragaa baha. Yeroo Dargiis jaarmiyaalee siyaasaa Oromoony jidduutti waliigaltee uumamu dhabuun miidhamni waloon dhufeera (Mararaa, 2003). Namoonni akka Hayilee Fidaa miidhamaniiru. Hooggantootni ABO miidhamni irra gaheera. Sirna ADWUI /ABUT keessattis waldhabni DHDUOifi KFO/ ABO jidduutti miidhaa cimaa fideera. Sirna bara 2018 jijiiramee jaarmiyaan haaraa uumameen boodas waggoottan shanif diddaan Oromoony jidduutti miidhaa waloo fideera. Kanaaf miidhaa waloo jaarraa tokko ol lakkofsise kanaan ‘lafeen meelatus’ Oromoony dhiiga tokko ta’uun waanti kamyuu kan addaan hinbaafne ta’uu ibsa. Meelachuun lafee dabuu seenaafi seera Oromooti. Akeeka diddaa isaas galmaan gahuuf akka deemu agarsiisuuf

*Holalaniif takkaa hinsarminee  
Itti deemaa jirra cichinee  
Kanaaf kaa kan cigoon sirbine*

Egaa, qabsoon Oromoonyeroogaraatti maqaa yaraan moggaafamus addaan hin cinne. Oromoony sirnoota Minilikiin dhuferraa kaasee sirna gabroomsaa jala dhaabbateera. Kun immoo Oromoony uummata birmaduu waan ta’efef birmadummaa isaa mirkanoeffachuuifi (Zeetilimaan, 1996). Sirna Mootota keessatti finciltoota, sirna Dargii keessatti “kashalabboota”, sirna ABUT keessatti “dhiphoota”, sirna ammaa keessattis “shanee” maqaa jedhuun farrajamaa ture. Haata’umalee, akka walaloo kanarraa hubatamu “holola” ta’uufi qabsoon tarkaafachaa deemuu, sabboonummaan Oromoony jabaachuu akeeka. Karaa ittiin dhihaatu keessaa immoo ogbarruun isa tokko ta’uufi karaa alkallattiin, aartummaan dhiheessuu agarsiisa. Kaayyoony sirba kanaas qabsoo malee bashannaanaaf akka hintaane akeeka. Haata’umalee, hooggantoota Oromoony jidduutti jibbiifi masaanummaan itti fufuu akka hinqabnes irra deddeebiin ‘dhiigaafi xannachaan’ ibsamuun egereen Oromoony karaa waloomaan falamuu akka qabu ibsa.

*Ni ijaarra jennaan riqicha diigaa  
 Sirni jarreenii duubatti fiigaa  
 Xannachi hin beektu waan hidda dhiigaa  
 Nuti olum yaadnaa jarri gadi fiigaa*

Bo'oowwan walaloo asii olii kunneen waa lama akeku. Tokkoon, egereen Oromoo abdiqabeessa ta'uudha. Oromoona karaa hooggantoota isaaniitiin ammam waldhabus, rakkoo isaa furatee abjuu biyya ijaaruu akka galmaan gahuudha. Sirni ittiin ijaarus kan mataa isaa qaba. Karaa firoomaas Oromoona dhiiga tokko, hidda tokkorraa madduun eessayyuu akka wal hingeessine akeka. Inni lammaffaa, diinni Oromoona kanaan booda akka kaleessaa Oromo miidhuuf humnaafi gahumsa akka hinqabne agarsiisa. Karaa jecha ‘gadiifi oliin’ akka ibsetti diinni yemmuu milkii dhabu, Oromoona immoo egeree milkaawaa qabaachuu ibsa. Kanaan Oromootti abdii horee, diinatti immoo abdii gabroomsuuf qaban dukkaneessa. Yeroo nuti ni ijaarra jennu, diinni akka riqicha diigu, isa duriiratti jarri goggogani akka hafan, kanarrraa kan ka'e jarreen yaada boodatti hafaa kan hordofan tahuufi Oromoona ammoo siichi olmalee gadi deebi'uu akka hindandeenyes quba qabsiisa. Kunis kan dhufu qabsoon ta'uus yemmuu akeku diddaa karaa sirbaa dhiyeessun cicha falmii kaayyoo ta'uu “kaayyoodha laayyoodha seete” jechuun ibsa.

#### 4.1.5 Finfinneefi Oromo: ka'umsaafi gahumsa ‘Araaraa’

Dhumaafi jalqaba qabiyyeefi suursagalee sirba kanaan kan mul'ate dhimma Finfinneeti. Finfinneen bakka wiirtuu qabsoo Oromooti. Kanaaf, jalqabaafi xumura sirbichaa ta'eera.

*Karra shaniinan itti olseenaa'  
 Galma qabsoo qee warra seenaa  
 Finna fiduufan dhufe handhuuraa  
 Siifan ijaara galma araaraa*

Finfinneen handhuura Oromiyaa akkuma taate handhuura qabsoo Oromoottis. Kanarrraa kan ka'e Finfinneen Oromoof ‘handhuuraa’ ta'uu ibsama. Handhuuraan akka aadaa Oromootti qabeenya ilmoo dhalatte/dhalate tokkoof kennamuudha. Kanaaf, qabeenya nama sanaati. Finfinneenis Oromoof kanuma. Kun immoo lafa akaakileefi abaabileen isaa irra jiraataa turaniidha. Seenaan guddina magaalaas kan akeku Oromoona Tuulamaa laficharraa buqqa'ee gabroomfataan irratti ofijaare. Kanaaf falmiin ijoon sirba kanaan dhihaate waloomni Oromo lafa handhuuraa isaa irratti ta'uu qaba. Lafa kanarratti Oromoona waliif araaramee ‘galma egeree’ ijaarrachuu qaba. Galmi kunis sirna biyyaafi mootummaati. Maqaa Finfinnee kan yeroo dirreen Abbaa Muudaa ture, Booranni ‘Finna Fidnee dhufna’ jechuun ibsu akeka. Finni, yaadrimee bal'aa kan qabu ta'ee galumsa kana keessatti misooma akkaafi gumaata Abbaa Muudaaf yeroo sana dhuufuudha. Galumsa sirba kanaan araaraan booda guddina Finfinneetti dhufuu qabu akeka. Finna kanaan dura dhimmoonni gurguddoonee eegaman tokko ‘galma araaraa’ ijaaruudha. Galmi araaraa jedhame sirna Oromoona itti wal bulchuufi holla walii buluudha. Galmi kun eenyuu akka ijaaramu akeekuuf:

*Galmi galmeedhaa man 'ee haayyotaa  
 Finna fiduun koo galaa dhalootaa*

jechuun ibsa. Galmi seeraafi seenaa akaakileefi abaabilee irratti sirna haayyotni ijaaraniidha. Seerriifi seenaan ijaaramu yaadannoo dhaloota sadii. Inni tokko isa kan akaakileefi abaabilee yemmuu ta'u, kan biraa kan egeree ‘galaa dhalootaa’ jechuun ibsameedha. Seenaafi seerri kun immoo dhaloota ammaan ijaarama. Kanaan riqichi dhaloota sadii walitti fidu uumamuu akka qabu akeeka.

Dhuma irrattis lafa handhuuraa jedhee ibserraa gosa Oromo buqqa'e akeekuuf ‘jiddaan’ ibsee jira. Finfinneen yookiin shaggar lafa dachaatee mul'attuufi kan Tufaa Munaa ta'uu akeke.

*Yaa Jiddaa yaa jiddaa  
 Yaa Jiddaa yaa dachaatuu lafaa  
 Yaa Shaggar yaa dachaatuu lafaa  
 Dhaammadhu(2) jedhanii  
 Dhaammatee maaltu sirraa hafaa  
 Gulallee biyya Habeebe Tufaa*

Bo'oowwan walaloo kanaan Finfinnee yookiin Shaggar irraa hafuu akka hin danda'amne agarsiisuu iftiin goolabe. Finfinneen warra Jiddaa kun naannoftee mul'attus abbaan lafaa irraa buqqa'u karaa kutaa murtaa'aa "Gulallee" Habeebe Tufoon ibse. Dachaatuun kun karaa biraam ammallee Oromo marfamtee jiraachuu ishees agarsiisa. Kun lafti gosa tokkoo ta'uufi Oromo maraaf garuu wiirtuu, darbees 'handhuuraa' ta'uu akeeka. Kanaaf, Oromo waloon dhimma Finfinneerraa hafuu akka hin dandeenye ejjanno cimaa dhiheesse. Adeemsi araara Oromo jidduutti raawwatus wiirtuu teessuma isaa kanatti galma ijaaruun ta'uu akka qabu akeeka. Galmi kun kallattiin iddo Araaraa, alkallattiin immoo sirna ijaaramu ta'uudha.

#### **4.2 Xiinxala Fakkoommii (suursagalee) Sirba 'Duraanuu'**

Suursagaleen ibsituu qabiyyee walaloo qabatamummaa mirkaneessituudha. Dabalataan, hiika dhokataafi fakkoomiifi bakkabuusaan dhihaatus ni qabaata. Sirba 'duraanuu' keessatti suuraan ijoon mul'atan: namoota galma tokko keessa marsanii taa'an, utubaa saardoon ykn margiifi sariitiin yookiin citaan hidhaan tokko itti hidhamee jiru, namoota eeboo harkaan duubatti ykn dugdarratti qabatan, namoota afur ta'anii hiriiraan bosona keessa yaa'an, gugee adii, bineensota bitaa, mirgaafi fuulduro yookiin luka weellisaa jala taa'u, jaarsummaa yookiin araara waraana ciibsuum raawwatu, namoota eeboofi muka isaa walitti deebisan, suuraa namni sadii walkeessa seenee walbaatu, horii qalamee qircaaf dhihaate, foon qircamee qooddatamu, magaala Finfinnee gubbaarraa gadi ilaalamu fa'i.

Sirba kana keessatti suurri deddeebiin mul'ate 'namoota galma' tokko keessatti marsanii taa'aniidha. Galmi kun utubaa tokko kan qabu ta'ee, utubaan kun coqorsaafi citaa hidhaa tokkotu itti hidhamee jira. Namootni kun maanguddoo, dargaggoota, dubartoota ofkeessaa qaba. Akkuma suuraan kun agarsiisu namoota marii ilaameen taasisaa jiraniidha. Namootni kunneen akkuma koorniyaafi umuriin gargar ta'an haalli uffannaafi miirri isaaniis gargari. Isaan keessaa inni tokko uffata gurraachaafi koffiyyaa gurraacha hidhatee jira. Namoota kanneen jidduutti waliin dubbiin walmormii qabu fakkaatu jira. Kun kan agarsiisu Oromo jidduutti miirri garaagaraa uumamuufi keessumaa immoo muuxannoo miidhamaa kan qabu jiraachuu akeekuuuf uffata gurraacha dhihaate. Kun yaadannoo miidhamaa ta'uudha. Haata'umalee, akka aadaa Oromootti gurraachi gadda kan ibsu ta'uu baatus, aadaa Itoophiyaa keessatti barame, kan habashaarraa fudhatameen dhihaateera. Kun egaa, akeektuu yaadannoo miidhamaa Oromo jidduu jiru mul'isuuti. Ammamu walhabbiin jiratus sirni araaraa aadaa Oromo waanta'eef, kaayyoon marii namootaa kuni araaraafi. Akkuma karaa fakkoomii coqorsaan mul'ate araaraaf qophaa'u namoota kanaa agarsiisa. Kaayyoon araara kanaa immoo galma waloo ijaaruuf ta'uu waanta lamaan mul'ateera. Tokkoon, utubaan akeekama. Inni lammaffaan, citaa utubaatti hidhameeni. Citaan waan ittiin mana ajeeraniidha. Utubaan immoo mana sana kan utubee dhaabudha. Karaa bira, 'waraana ciibsuum' sirni araaraa raawwachuunis mul'atee jira. 'Sirni waraana ciibsuum' kun walhabdee furuuf oola. Mallattoorara kanaa keessaa inni biroo gugee adii mul'attuudha. Gugeen fakkoomii nagaa qabdi. Kanaaf, lolli hooggantoota Oromo jidduu ture karaa marii ilaa-ilaameen xumuramu akka qabu waamicha taasisa.

Lolli jiraachuu waanta akeeku keessaa tokko 'namoota eeboo' harka duubatti qabtanii mul'atan jiraachuuudha. Namoonni kunneen afur yemmuu ta'an, araaraaf kan taa'e immoo uummataa bal'aa ta'uu akeekuuuf namoonni galma tokko guutan dhihaataniiru. Inni kun walhabni hooggantoota Oromo jidduu ture kan uummataa osoo hintaane kan hooggantootaa yookiin jaarmiyaalee ta'uu akeeka. Haala qabatamaa yeroo ammaan jaarmiyaaleen gurguddoona maqaa Oromo qabsaa'an afur ni mul'atu. Tokko,

jaarmiyaa aangoo siyaasaa qabatee jiru kan dura DHDUO, ODP, amma immoo Paartii Badhaadhinaa (PB) jedhamuun waamamuudha. Jaarmiyaan PB jedhamu kun jaarmiyaa ADWUI keessa kan tureefi akka jaarmiyaa sabaatti ijaaramee ture, amma immoo damee PP keessaa kan damee Oromiyaa jedhamuudha. Jaarmiyaan ADWUI bara 1991'n booda jaarmiyalee Oromoo warra karaa nagaafi waraanaan qabsaa'an waliin lola keessa ture. Jaarmiyaan biraa KFO dha. KFO'n jaarmiyaa yeroo dheeraaf karaa nagaan qabsaa'aa turedha. Haata'umalee, innis maqaa jijiirachaa tureera. Jaarmiyaan sadaffaafi qabsoo Oromoof hangafa ta'e ABO'dha. ABO' yeroo ammaa maqaa garaagaraa cinatti dabaluun baay'ee fakkaatus, kan mootummaa aangoo qabatee jiruun (PB) falmu isuma kana qofaadha. Inni arfaffaan waggoottan shanan kana keessa jaarmiyaa ABO kan karaa nagaan qabsaa'urraa kan ofbaase Waraana Bilisummaa Oromoo (WBO) dha. Kanaaf, sirba kana keessatti karaa namoota afurii waraanni yookiin eeboon dhoksaan qabatamee mul'atu kan qaamota kanneen jidduutti kan mul'ateefi gaaga'amni isaa Oromoo mara qaqqabe ta'u mul'isa. Gaaga'ama waraanaa qofaa osoo hintaane, Oromoorn jaarmiyalee kanneen deeggaruu, miseensa ta'uufi falmuun waan qoodamee jiruuf alkallattiin lola Oromoo jidduu ta'u akeeka. Waanti suursagalee sirba kanaarraa mul'ate 'walwaraansi Oromoo' karaa dhoksaa addunyaan beekamtii hinkennineen ta'u akeekeera. Weellisaan karaa qabiyyee walaloofi suuraan kan ibse, Oromoorn walganee diina isaatti michoomuun wal waraantuun gahuu akka qabuufi akka mata duree sirbichaa'duraanuu' jedhurraa hubatamu, waldhageettii dhabuun walwaraansatti seenuun gatii dhabuu "waa yaa harcaasanii funaanuu" kan jedhuun ibseera. Oromoorn bara 2018 booda aangoo diina harkaa baasee ofharka galchus, sababa miichooma baduufi tarsiimoo waraanaa akka hintaane filachuun, hormaaf kaayyoo galmaan gahuuf taasifameen duubatti deebi'uun akeeka.

Duubatti deebi'uun kun 'walganuu' jaarmiyalee Oromoo jidduu jiru agarsiisa. Walganinsi kun immoo karaa bakkabuusa bineensotaan ibsameera. Weellisaan bitaafi mirgaan, akkasumas fuuldura isaatti kan mul'atu waan ibsan qabu. Bitaa isaatti 'sardiida' ykn jeedalatu mul'ata. Jeedalli yeroo baayyee hannaan malee kallattiin hin loltu. Hoolotas ta'ee nama karaa dhoksaan butte waraanti. Kun ganumsa jaarmiyalee Oromoo jidduu jiru akeeka. Inni karaa mirga weellisaa ture qeerransa. Qeerransi kallattiin lola. Fuuldura isaa kan jiru immoo 'naacha'. Naachi bishaan keessa kan jiraatuufi riphee nama liqimsa. Liqimsinaan gara bishaanitti fudhachuu luugee foon irraa fixee lafee qofaatti hambisa. Weellisanis, dhuma irratti naachicha lukaan irra ejjatu yeroo waraantuun mul'ata. Bakkabuusni naachaa illeanya liqimsaa (meta narrative) kan Oromoo balfuufi liqimsuudha. Jaarmiyaan humna qabu hidhaafi ajjeechaa raawwachuu isaatiin naachaan fakkeesse.

Egaa, Oromoo jidduutti yookiin jaarmiyaa Oromoo jidduutti walwaraansi erga uumamee miidhamni uumameera. Miidhamu kan agarsiisuuf namni uffata gurraachaa mul'ateera. Karaa qabiyyee walloonis, "jiruun diigamuu, tiruun dhabamuu" uumamuu ibseera. Inni kun sababa waldhaba keenyaan miidhamu namaafi manca'insa dinagdee mul'ate akeeka. Haata'umalee, Oromoorn karaa dheeraa deemuufi rakkoof saaxilamus "lafee dabe kan fayyisu" ofumaaf ta'uufi dhiignifi xannachi tokko akka hintaane, tiruun akka walhin miine ibsuun kaayyoona araaraa akka galma gahu waamicha dabarsa. Karaa suuraa gugee adii mul'isuun waamichi araaraa cimaa ta'uun akeeka. Kanamalees, Oromoorn walmalee fira biraa akka hin qabne agarsiisuuf 'suuraa namonin sadii walbaatanii, walitti gaggaragal' agarsiisuun walooma Oromoo akeeka. Oromoorn diina waloo qabaachuu isas, "Diinni koo diina kee sobeet si naalchaa, Abbaat wal'aannata cabaa cinaachaa" jechuun buufata walaloo irradeddeebiin dhuftu taasisateera. Kun dhimma xiyyeffannoo sirba kanaa ta'uun akeeka.

Mallattoo araaraa keessa tokko waraanaafii muka isaa walitti deebisuudha. Muka waraana hin qabne agarsiisuun Oromoorn walmalee gatii dhabuu akeeka. Jaarmiyaaleen is ta'ee, hooggantootni Oromoof ofduubaa Oromoo isaan deeggaru qabaachuu qabu. Karaa walaloo "walirratti nu uumee, waliif nu uumee, mormi mataa dadhabaaree?" jedhuun waloomni Oromoo dirqama ta'uun akeeka. Dhuma irratti

namootni dura waraana yookiin eeboo waldhoksuun qabatan sun waloon hiriiranii yeroo deeman agarsiisa. Isa kana jalqabaafi xumura irratti agarsiisuun qabiyyee walaloo “karra shananiin ol itti seenaa, galma qabsoo qee warra keenyaa” jedhuun wal unachiise. Kunis, Oromoona walooma isaa mirkaneessuun, walwaraansa waliinii dhiisuun diina isaatti qiyyafachuu akka qabu akeeka. Karaa suuraan akka agarsiisetti, sirni araaraa erga raawwatee booda eeboo dhoksaan qabatanitti muka eeboo deebisuun waloon diina akka waraan akeeka. Weellisaanis, jalqabaafi xumura irratti magaalaa Finfinnee lafa oljedhaa (dildila, Inxooxxoo) irra dhaabachuun gadi ilaaluun Oromoona tokkummaan galma isaa akka keessatti ijaaramuu qabu akeeka. Karaa bira, walooma Oromoo ibsuuf korma qalamee araarri bu’ee waloon nyaachuufi waliin quoddachuu mul’ateera. Kun galmi Oromoo araaraafi walooma ta’uu ibsa. Kanarraa kan ka’es dhuma irratti namootni hunduu osoo koorniyaafi umuriin hin qoodamiin waloon yeroo sirban agarsiisa. Sirbi inni dura weellisaan ibsaa ture ‘qabsoof’ “mormaa sirbaa, mormaan sirbaa” jechuun ibsuun weelluu diddaan ta’uu akeeka. Inni dhumarratti araaraan booda sirbam garuu ibsituu gammachuuti. Kun akeeka ogbaruu Oromoona taasiseera. Qabiyyee walaloo isaanis, “duraanuu... edaa duraanuu” waldhabni keenya waadhaba keenya, miidhagni keenya miidhama keenya” jechuun sababa waliigaltee dhabuu keenyaan miidhamuufi waldhageettii dhabuu keenyaan rakkoo uumame ta’uu gaabbiin ibseera. Qaawwa kanaan Oromoona waldhisee diinatti michoomus, diinni kun kan Oromo maraa ta’uifi dhuma irratti nu akka balleessu, “Inni har’aa si suufu, boru nu ciniinuu, inni kaleessa tokko nyaate isa biraas akka hin dhiisne” ibsuun walooma Oromoofi diina Oromo addaan baasee ibse.

Dhimmi murtessaan sirba kanaan dhihaate jaarmiyaalee Oromoos ta’ee, hooggantota Oromo addatti qaama balleessaa maraa taasise dhabamuudha. Rakkoon kan waloo keenyaa ta’uu malee, kan qaama tokkoo qofaa akka hintaane ibse. Haata’umalee, qaamonni waldhaba kana keessatti miidhamaniif dhugaan isaanii akka galu gaafateera. “Diigee jiruu koo, dhabee tiruu koo, waanan fayyaa qabu seetee, natti haasoftaa akka feete” jechuun kan ibse dhugaan abbaaf akka galu gaafataa jira. Araarri dhugaan dhufuu, gumaan bahuu akka qabu, qaamni yakka hojjate akka baramu barbaada. Haata’umalee, araarri kun akka gufatu hinbarbaadu. Ammamuu dadhabsiisaa ta’u obsaan eeguun barbaachisaa ta’uu isaa, “Haqa koorraa namuu namaksuu, arrii baadhee araara hin dabsuu” jechuun ejjannoo cimaa araaraaf qabu agarsiiseera.

## 5. Guduunfaa

Qorannoo kanaan Muuziqaan yookiin sirbaan araaraafi tokkummaa sabaa gaafachuu mul’ateera. Kanaanis, muuziqaan araaraa jiraachu agarsiisa. Muuziqaa kanaan maddi rakkoo Oromo waldhaba ta’uifi furmaatni egere Oromo walooma ta’uun akeekamera. Akkasumas, galmi Oromo sirna Oromo fakkaatu ijaaruu ta’uu akekeera. Kanamalees, aadaan Oromo araaraaf qabu cimaa ta’uu mul’iseera. Maddi rakkoo Oromo waldhaba Oromooti. Oromooneenyummaa isaa ganamaa dhiisee aadaa hormaatti michoomuun, horma fakkaachuun rakkoo isa jalqabaati. Diina waloo osoo qabuu diinuma isaatti michoomuun isa ijoo ta’uu akeeka. Haata’umalee, Oromoone duudhaa isaan kan uummataa aadaan walii dhiisuun araaramuu jiraachuun bakka kufnetti akka hin hafneef gumaachuus akekeera. Kun immoo tokkummaa Oromo karaa duudhaan, safuun, fakkoomiin qabuun araarri dhugaan karaa uummataafi ijaarsa dhugaa haayyootaan ta’uus agarsiisa. Egaa, Oromo karaa Oromummaan rakkoo isaa yoo hiikkate galma isaa ganamaa gaha. Galmi isaa kunis, sirna isaa bakka wiirtuu isaa taate, Finfinneetti’ ijaaruudha. Galmi ijaaramu sirna Oromooti. ‘Harreen waldhiitti malee ilkaan walhincabsitu’ akkuma jedhamu Oromoona dhuma irratti galma tokkotti dhufuu abdii jiruufi fedhii guddoo Oromo ta’uus agarsiiseera. Faallaa kanaan ergaan sirba kanaa Oromoone orma michoomfatee waldiinomsuun dhibdee kaleessaafi kan boruullee akka ta’u akeeka. Haala kanaan sirbaan araara labsuun karaa duubarree hafeefi fakkoomiin dhiheessuun karaa tokkoon sirbi haala hawaasummaa, karaa bira karaa jechootaafi mallattooleen ergaan aartummaan ijaarame dabarsameera. Kanaaf, sirbaan dhimmi hawaas-siyaasaa dabarfamu xiyyeffannoo qorannoo damee garaagaraa akka ta’uu danda’u akeeka.

## Galata

Qorattoonni gulaaltota lamaan barreffamicha madaalanii yaada bilchaataa fooyya'iinsa qorannichaaf gumaachan ulfaadhaa, hora bulaa jedhu.

## Wabiilee

- Asafa, J. (2007). *Oromummaa: Oromo Culture, Identity and Nationalism*. Atlanta, Georgia, Oromia Publishing Company.
- Beach, R. (1993). A Teacher's Introduction to Reader-Response Theories. Urbana, IL: National Council of Teachers of English.
- Bertens, H. (2017). *Literary theory: The basics*. routledge.
- Caalaa E. (2019). *Qaaccessa Sirba Haacaaluu Hundeessaa Jirra Jirraa: Xiyyeefannoont Fayyadama Afaaaniirratti*. Waraqaa Digrii Lammaffaa hinmaxxanfamne: Yuuniversiitii Addis Ababaa.
- Davis, T., & Womack, K. (2018). *Formalist criticism and reader-response theory*. Bloomsbury Publishing.
- Greenham, D. (2018). *Close reading: The basics*. Routledge.
- Habtaamu B. (2019). *Xiinxala Sirboota Diddaa, Xiyyeefannoont Fayyadama Afaanii Sirboota Ittiqaa Tafarii Saaqi Saanqaafi Itti muddi jedhan keessatti*. Waraqaa Digrii Lammaffaa hinmaxxanfamne: Yuuniversiitii Addis Ababaa
- Hultin, J. (1996). Perceiving Oromo: 'Galla' in the great narrative of Ethiopia. In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 81-92. Uppsala. The Red Sea Press Inc.
- James, D. (Ed.). (2020). *Modernism and Close Reading*. Oxford University Press, USA.
- Kasahe, G. and Alamgana, B. (2022). Upholding justice through music: protesting betrayal in Oromo song, Wal Agarrraa. *Heliyon: A Cellpress journal*
- Lomas, T. (2016). Positive art: Artistic expression and appreciation as an exemplary vehicle for Flourishing. University of East London, School of Psychology,
- Marara, G. (2003). *The Elite and the Quest for Peace, Democracy and Development in Ethiopian: Lessons to be learnt*. Northeast African Studies New Series, Vol. 10, No. 2, Special Issue: Challenges of Building Democratic Institutions for Governance and Development in Ethiopia and the Horn of Africa) pp. 141-164 (24
- Mohammed, H. (2009). "Oromo nationalism, and the continuous multi-faceted attack on the Oromo cultural, civic and political organisations in Exploring New Political Alternatives for the Oromo in Ethiopia", Siegfried Pausewang (ed). CMI. CHR Michelson Institute.
- Phelan, J. (2020). *Literature and Understanding: The Value of a Close Reading of Literary Texts*. Routledge.
- Rosenblatt, L. (1995). Literature as Exploration (4<sup>th</sup> eds.). New York: Th e Modern Language Association.
- Seiler R, E. (2012). Potent Crossroad: Where U2 and Progressive Awareness Meet. *Exploring U2: Is this Rock'n'Roll*, pp38-53.
- Shusterman, R. (2009). Art and Social Change. *International yearbook of Aesthetics*. Vol 13
- Tafari, N.T. (2019). The Arfan Qallo Music and literary movement. *Presented on 18<sup>th</sup> International Conference of Ethiopian Studies*
- Tatek, A. (2021). Storytelling through Popular Music: Social Memory, Reconciliation, and Intergenerational Healing in Oromia/Ethiopia. *Humanities*  
<https://doi.org/10.3390/h10020070>
- Tyson, L. (2020). *Using critical theory: How to read and write about literature*. Routledge.
- Zitelmann,T. (1996). *Re-Examining The Galla/Oromo relationship: The stranger as structural topic* In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 103-112. Uppsala. The Red Sea Press Inc.